# Eenyu hiyyeessa akka ta'e beektuu?

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Eenyu hiyyeessa akka ta'e beektuu?» nu keessatti hiyyeessa jechuun nama dirhamas(maallaqaa) meeshaas hin qabne jedhani, ergamaanis ni jedhani: «ummata koo irraa hiyyeessa jechuun nama guyyaa qiyaamaa salaata, soomaa fi zakaan dhufee, isa kana arrabsee, isa kana immoo maqaa xureessee waan inni hin qabne irra kaa'ee, qabeenya isa kanaa immoo nyaatee, dhiiga isa kanaa immoo dhangalaasee, isa kana immoo rukutee kan dhufeedha, inni kun toltuu isaa irraa kennamaaf, isa kanaafis toltuu isaa irraa kennamaaf, waan isa irra jiru kaffalee osoo hin fixin toltuun isaa yoo dhumte immoo, badiin isaanii irraa fuudhamee isa irratti fe'amee, eegasii ibiddatti darbama».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hiyyeessi eenyuun akka ta'e beektuu? jedhanii sahaabota isaanii gaafatani, isaanis nu keessatti hiyyeessa jechuun nama maallaqas meeshaas hin qabnedha jedhani, ergamaanis akkas jechuun deebisaniifi: ummata koo irraa hiyyeessa jechuun nama guyyaa qiyaamaa hojii gaggaarii irraa salaata, soomaa fi zakaadhaan dhufee, isa kana arrabsee, isa kana immoo maqaa xureessee, qabeenya isa kanaa immoo nyaatee isa waakkatee, dhiiga isa kanaa immoo dhangalaasee isa miidhee, isa kana immoo rukutee isa xinneessee nama dhufe, miidhamaan toltuu isaa irraa ni kennama, haqaa fi miidhaa isa irra jiru osoo hin kaffalin toltuun isaa yoo dhumte immoo, badiin miidhamtootaa irraa fuudhamee barruulee namicha isaan miidhee sana irra kaa'ama, eegasii toltuun waan isaaf hin hafiniif ibiddatti darbama.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/6454